King County

Redistricting KING COUNTY

Mul'isa dhiyoo akkamiiti? Kaartaa seenaa keenya kan waa'ee gandoota Manneen Maree King ilaali.

Yoo waliin filannoo taasise
hawaasni cimadha

Komiteen Daangessaa 2021 kan ganda King hojiiwwan Manneen Maree Ganda King daangaawwan gandaa ragaalee haala lakkoofsa dhiyeenya irratti hundaa'udhaan hojatee jira. Wantoota komitichi ilaalcha keessa galche keessaa tokko fedhii hawaasotaati. Komitichi waa'ee hawaasa keessanii fi maaltu adda akka isa taasisu isinirraa dhaga'uu barbaada.

Komitichi hawaasni keessan eessaa akka jalqabuu fi eessatti akka dhaabbatu hubachuu irratti gargaarsa keessan barbaada. Kana karaa sadiin gochuu dandeessa:

1 Yeroo marii hawaasaa nutti makamaa
Komitichi mariiwwan hawaasaa walitti fufan ji'a Adoolessaa fi Hagayyaa akkasumas birraa keessa marii galmaa hedduu ni taasisa. Sagantaa fi galmee kingcounty.gov/districting irratti ilaali.

2 Gaaffiiwwan keenya deebisi
Daawwannaa marsariitii keenyaa taasisi gaaffii keenya deebisuudhaaf akkasumas komitichaaf yaada kennuuf (afaanota hedduun ni argama).

3 Iimeela nuuf erga
Yaadota, gaaffiiwwan, yaaddoowwan yookan iyyaannoowwan hiikkaa afaanii districting@kingcounty.gov. iimeeliidhan ergi.

Hawaasa kee hawaasa isa daangeessan irraa maaltu adda taasisa?

Dhaabbiin konkolaataa, gabaan yookan bakki biraa kan akka harataa yookan iddoo qabama hawaasa ketti tajaajilu jiraa?

Ganda kee kaartaa irratti ni kaasta yoo ta'e maal fakkaachuu danda'a?

Miseensota Komitee Daangeessaa Ganda King kan 2021 asitti argadhu:

Chair Ann Schindler

Sophia Danenberg

Paul Graves

Cherryl Jackson-Williams

Rob Saka

GAAFFIILEE WALOO

Gandi King Maali?
Gandi King naannicha guutuudhaaf tajaajila "naannoo" fayyaa hawaasaa, filannoowwan, jijjiirraa baaburaa, balfa bishaannii, balfa jajjabaa, mala haqummaa yakka naanichaa fi iddoowwan dhaabbii Gandaa kenna. Iddoo hin makamnetti, gamdichi akka bulchiinsa naannoo fi ol aantummaa seeraa raawwachiisuu kennuu, daandiiwwan fi riqichoota, hayyamaa fi guddina fi tajaajila bulchiina naannoo kan birootis ni kenna. Manni Maree Ganda King qaama seera baastuu naannicha keessatti sadarkaa lammaffaa irratti ilaalamuun hogganamuudha. Miseensota sagall kan kutaalee gandaa sagal garagaraa keessaa filataman of keessaa qaba.

Komiteen Daangeessa Ganda Kin Maali?
Komiteen daangessa ganda King komitee of danda'e, kan loogi maleessa ta'ee dhaabbatu kan miseensota afur Mana Maree Ganda Kingtiin muudaman fi miseensa shanaffaa komitichaan filatamu kan akka hoggnaatti tajaajilu of keessaa qabuudha. Gaheen komitichaa gandoota Manneen Maree waggoota 10niin ragaalee lakkoofsaa dhiyoo irratti hundaa'udhaan jiraattota hawaasaa baayyina isaanii gandoota keessatti akka wal madaalan taasisuudhaaf kan hojjatuudha.

Naannessa irratti yaada kennuun maaliif barbaachisaadha?
Hanga danda'amaeen, sararawwan gandaa hawaasa fedhiiwwan waliinii qaban eeguu irratti kan ta'uudha. Hawaasotni yeroo waliin filatanii fi yoo gandoota hedduutti addaan hin qoodamin gaariidha. Komiteen eessa akka ati jiraattu dhaga'uu fedha akkasumas yoo gareen hawaasaa fedhii waliinii qoodatu jira yoo ta'e yookan immoo yoo daangeffama haaraa Mana Maree Ganda King isa haaraa keessatti hammatamuu qabaatu ta'es baruu barbaada. Hawaasa kee maaltu akka adda taasisu komitichaatti himi, eessatti akka jalqabuu fii eessatti akka xumuramu.